

Women's Health Needs STUDY

# Qo'annoo Fedhii Fayyaa Dubartootaa (WHNS)

WHNS **qorannoo yeroo tokkoo** kan muuxannoo fi fedhii kunuunsa fayyaa dubartootaa, akkasumas dubartoota kittaanuu/qaama saalaa dubartootaa muruu (FGM/C) irratti odeeffannoo walitti qabu ture.

Qo'annoon kun **Sadaasa 2020 hanga Waxabajjii 2021** tti naannoo magaalota gurguddoo Ameerikaa afur **(Atilantaa, Mini'aapoolis, Niiw York, fi Washington, DC)** keessatti gaggeeffameera.

## GAHUMSA

**Dubartoota** umurii 18 hanga 49 + **Kan biyya bakka FGM/C** baramaa itti ta'etti dhalatan, **ykn haati dhalatte** + **Afaanota qo'annoo** keessa tokko **dubbatan**

## EENYUTU QO'ANNICHA KEESSATTI HIRMAATE

### DUBARTOOTA 1,132

**Garee Umurii**

| 31% | 38% | 31% |
|---|---|---|
| umurii waggaa 18-29 | umurii waggaa 30-39 | umurii waggaa 40-49 |

**Sadarkaa Barnootaa**

| 15% | 22% | 33% | 30% |
|---|---|---|---|
| Mana barumsaa sadarkaa lammaaffaadhaa gadi/dippiloomaa GED[a] | Mana barumsaa sadarkaa lammaffaa/dippiloomaa GED | Digirii kolleejjii/Gargaaraa tokko tokko | Digirii jalqabaa fi isaa ol |

**Dhaloota Immigireeshinii**

| 87% | 10% | 3% |
|---|---|---|
| **1.0 Dhaloota** Umurii waggaa 13 fi isaa ol irratti gara U.S. godaane | **1.5 Dhaloota** Umurii 13 dura gara U.S. godaane | **2.0 Dhaloota** U.S. keessatti dhalate |

**Haala Gaa'elaa**

| 61% | 14% | 25% |
|---|---|---|
| Gaa'ela keessa kan jiru/Hiriyaa waliin jiraatu | Kan duraan gaa'ela godhate | Gonkumaa kan hin fuune/Hiriyaa waliin kan hin jiraanne |


[a] Guddina Barnoota Waliigalaa



# EENYUTU QO'ANNICHA KEESSATTI HIRMAATE

**DUBARTOOTA 1,132**

## Biyya Dhalootaa[b*]





[b] Biyya dhaloota dubartii ykn biyya dhaloota haadhaa yoo dubartiin biyya ulaagaa hin guunne keessatti hin dhalanne ta'e.
[c] Afrikaan Dhihaa Burkinaa Faasoo, Gaambiyaa, Giinii, Maalii, Mooriitaaniyaa fi Seeraaliyoon of keessatti qabata.
* Kaartaa Biyya Dhalootaa Powered by © GeoNames, Microsoft, OpenStreetMap, TomTom

# DUBARTOOTA QO'ANNICHA KEESSA JIRAN HUNDAAF KUNUUNSA FAYYAA ARGACHUU

## Uwwisa Inshuraansii Fayyaa


**Walakkaadhaa ol (52%)** Medicaid qaba ture.




## Afaan hiikaa

**27% afaan hiikaa** filatu yeroo ogeessa fayyaa isaanii bira dhaqan.

Dubartoota afaan hiikaa filatan keessaa, **3 keessaa 2 (66%) yeroo daawwannaa isaanii isa dhumaa irratti tokko kennameeraf.**



# Fayyaa Walhormaataa

Dubartoota qo'annoo kanarratti hirmaatan hunda keessaa 77% **waggoota 3 darban keessatti qorannoo luqqeettuu ykn Pap smear akka godhan** himaniiru; 17% qorannoo taasisanii hin beekan; 6% waggaa 4 fi isaa ol dura tokko taasisan.

Dubartoonni 51% to'annoo da'umsaa **fayyadamanii akka beekan himaniiru. Guyyoota 30 darban keessatti** dubartoonni 29% to'annoo da'umsaa fayyadamaniiru.

Dubartoonni mucaa godhatan keessaa 45% **Baqaqsanii hodhuu godhatanii akka beekan himaniiru.** da'umsa keessa 31% **Baqaqsanii hodhuutiin da'aniiru.**

Dubartoota walqunnamtii saalaa raawwachuu isaanii himan keessaa 18% **walqunnamtii saalaa jalqabaa yeroo raawwatan umurii isaanii waggaa 18 gadi ture**; 59% 18 hanga 24; fi 23% umuriin isaanii 25 fi isaa ol turan.

## MUUXANNOO FGM/C

Dhaabbanni Fayyaa Addunyaa kittaannaa dubartootaa /qaamaa saalaa muruu (FGM/C) adeemsota hunda qaama saalaa dubartootaa gara alaa gartokkoon ykn guutummaatti balleesmuruu ykn miidhaa biroo qaama saalaa dubartootaa irratti gahu sababa aadaa, amantii ykn sababa wal'aansaf hin taane birootiin ta'e jechuudha jedhee hiika.[1]

**Dubartoota qo'annoo kana keessatti hirmaatan keessaa** walakkaadha ol FGM/C akka isaan mudate himaniiru.

**55%**
FGM/C **isaan mudateera.**

**45%**
FGM/C **isaan hin mudanne.**



[1] Dhaabbata Fayyaa Addunyaa, Fandii Uummataa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii fi Fandii Daa'immanii Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii (UNICEF). (1997). Kittaannaa dubartootaa: ibsa waloo WHO/UNICEF/UNFPA. Dhaabbata Fayyaa Addunyaa. https://apps.who.int/iris/handle/10665/41903

# MUUXANNOO DUBARTOOTA FGM/C ISAAN MUDATEE

## Biyya Dhalootatiin



Dhibbeentaan dubartoota biyya dhalootaa tokkoon tokkoon irraa dhufanii FGM/C akka isaan mudate gabaasan:


- **Somaaliyaa: 74%**
- **Biyyoota Afrikaa Dhihaa[d]: 59%**
- **Eertiraa: 55%**
- **Suudan: 51%**
- **Itoophiyaa: 45%**
- **Misira: 34%**

[d] Biyyoota Afrikaa Dhihaa Burkina Faasoo, Gaambiyaa, Giinii, Maalii, Mooriitaaniyaa, fi Seeraaliyoon ni dabalata.


## Umuriidhan

### Dubartoota FGM/C isaan mudate, Garee Umuriitin


**4 keessaa 1 (25%)** dubartoonni umuriin isaanii 18-24 ta'an FGM/C isaan mudateera.




**Gara 4 keessaa 3 (69%)** kan ta'an dubartoonni umuriin isaanii waggaa 40-49 ta'an FGM/C isaan mudateera.



### Dubartoota FGM/C isaan mudate, umuriin yeroo FGM/C




## Gosa FGM/C Tiin




- **29% naannoon qaama saalaa isaanii hodhamee cufame jedhan.**
- **57% foon naannoo qaama saalaa isaanii irraa akka kaafamehiman.**
- **2% naannoon qaama saalaa isaanii akka murame, foon akka hin kaafamne dubbatan.**
- **12% gosa FGM/C isaan mudate hin beekan.**

# YAADDOOWWAN FAYYAA DUBARTOOTA FGM/C ISAAN MUDATEE

**Dubartoota FGM/C isaan hin mudanne 49% waliin yommuu madaalaman 67%** rakkoo da'umsaa gabaasan a. Kunis da'umsa booda dhiiguu, da'umsa irraa kan ka'e tarsa'uu qaama saalaa ykn C-section hatattamaa kan dabalatuudha.

**47%** dubartoota FGM/C hin qabne 23% waliin yommuu **madaalamurakkina fayyaa walhormaataa** a gabaasan. Kunis dhiiga marsaa laguu dabarsuuf rakkachuu, fincaan dabarsuu rakkachuu, dhukkubbii yeroo fincaan fincaa'an ykn dhukkuba ujummoo fincaanii hedduu dabalata.

**Dubartoota FGM/C isaan hin mudanne 17% waliin yommuu madaalaman 44%** rakkina fayyaa walqunnamtii saalaa **gabaasan** FGM/C. Kunis dhukkubbii yookan dhiiguu yeroo walqunnamtii saalaa dabalata.


**Dubartoota FGM/C isaan hin mudanne 24% waliin yommuu madaalamu 35%** yeroo tokkottitorban hedduudhaaf gaddi akka itti dhaga'amu gabaasan.

## MIJOOMINA DUBARTOOTA FGM/C QABANII YEROO DHIYEESSAA WALIIN HAASA'AN

**58% FGM/C isaanii** ogeessa eegumsa fayyaa waliin mari'achuun ni mijataaf.



**31% FGM/C isaanii** ogeessa eegumsa fayyaa waliin mari'ataniiru .



## ILAALCHA FGM/C DUBARTOOTA QO'ATAMAN HUNDAA

91% **FGM/C** dhaabbachuu qaba jedhanii **amanu.**

87% **FGM/C** jireenya gara boodaa irratti **rakkoo fayyaa fiduu danda'a jedhanii** amanu.

82% **FGM/C amantiidhan akka barbaachisu** hin amanan.



Maallaqni WHNS kan kenname Giddugala Too'annoo Dhukkubaa, Waajjira Fayyaa Dubartootaa Qajeelcha Fayyaa fi Tajaajila Namaa Ameerikaa, fi Qajeelcha Haqaa, Dhaabbata Haqaa Biyyaalessaa, Waajjira Miidhaamtoota Yakkaatiin.

Odeeffannoo dabalataatif, https://www.norc.org/research/projects/a-study-of-womens-health-needs-in-the-us.html ilaalaa.